# “Hanga yeroo laguun kee sitti turu san tilmaamii turi, Eegasii dhiqadhu”

Aa'ishaa Haadha Mu’umintootaa irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatuu, akkas jette: Ummu Habiibah binti Jahsh, kan haadha manaa Abdurrahmaan bin Awfii turte, Ergamaa Rabbiitti, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, waa’ee dhiigaa himattee jennaan, isaanis akkana isheen jedhani: “Hanga yeroo laguun kee sitti turu san tilmaamii turi, Eegasii dhiqadhu”. salaata hundaaf kan dhiqattu taate.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Sahaaba dubaraa keessaa takka yeroo hunda osoo adda hin citin dhiigni irraa dhangala'aa akka jiru Nabiyyitti himatte, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu. Isaanis osoo balaan muddamaa kun itti hin dhufin yeroo hanga laguun ishee turu, salaata akka dhiiftu ishee ajajani, sana booda dhiqattee salaatti, sunnummaan salaata hundaaf kan dhiqattu turte.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee